Gorsa, dubartoota ulfaa fi warra reef mucaa godhataniif

Baallama

Kilinika Dubartootaa
baallama qabachuu/baallama hambisuu 8345 3033 bilbili
Simattuu (Reception) 8345 2000 bilbili

Sunshine / Joan Kirner Women's & Children's Hospital Yoo JKWCtti
baallama qabatte yoo tahe 8345 1727 bilbili
Filmaata (Option) 1 – Yoo ciniinsuu keessa jirata tahe
Filmaata (Option) 2 – Women's & Children's Kilinika Addaa (Specialist Clinics)
Filmaata (Option) 3 – Kilinika Addaa Nama Gudaa (Adult Specialist Clinics)
Filmaata (Option) 4 – Western Health Giddu-gala bilbilaa (Switch board)
Filmaata (Option) 8 – Filmaata (menu) ammas dhagahuuf

Fayyaa toora bilbilaa irraan (Telehealth)

Baallama bilbila yookaan Video irraan qabachuu [deessistootni (midwife) baallamni kee toora bilbilaa irraan taha yoo tahe sitti himuu qabu].

Ulfahuu (Pregnancy)

Yeroo ulfi kee torban 18 hanga 20 gidduu tahu mucaan kee guddachuu waan eegaltuuf, jijjirama guddinaas waan agarsiistuuf, akka mucaan sosso'aa jirtu sitti dhagahama. Akkamittii fi yoom mucaan kee akka sossootu fi kunis waanuma jiru tahuu itti baraa deemta. Yeroo hojiidhaan muddamtu yeroo tokko tokko akka mucaan sosso'aa jirtu sitti dhagahamuu dhiisuu mala. Boqodhuu, mucaan kee soosso'uu dhageeffadhu. Yoo akka itti duraan mucaan kee sosso'aa turte irraa adda tahuun sitti dhagahame deessituu (midwife) kee yookaan gara hospitaalaa bilbilii mucaa kee ilaalchisi. Hanga beellama kee itti aanuutti hin eegin.

Ciniinsuu

Naannoo qamaa hormaataa kee maalaa (sensation) akka jabaa sitti dhagahamu, yero yerootti sitti deddeebi'u, dhukkubbiin sitti dhagahama. Daqiiqaa 10 keessa dhukkubbii yeroo 3 hanga 4 ol dabalaa deema, kunis sekondii 60f si irra turee, maalaa (sensation) gidduuttis second 90f tura. Yeroo dhukubbiin akkasii sa'aa 2f si irra turu miixuun si jalqabee jira jechuu dha.

HOSPITAALA YOOKAAN DEESISTUU KEE YAAMI

Yoo bihsaan gubbee mucaa dhangalawe jedhtee yaadde [lola'aa yookaan dhangalawaa tahuu danda'a] yookaan akka laguu baatiidhaan sitti dhufuutti kara qaama hormaata kee yoo agarte, mucaan akka duriitti hin sochoone yookaan dhukubiin si yaaddessu yoo sitti dhagahame. Yoo bishaan gubbee dhangalawe, yookaan dhiigni kara qaama hormaata kee si bahe, jalee (pad) uffadhuu, yeroo hospitaala geessu itti agarsiisuu dandeessa.

Mucaa kee reef dhalattu

Mucan reef dhalattu ni rafti, harma ni hodhti, ni fincoofti, ni xuroofti. Sa'aa 24 keessattis hanga yeroo 12 hodhuu dandeessi. Ni dammaqxii, ni dhageeffattii, ni hodhti, sana booda deebitee rafti.

Yoo mucaa keetti qaamni ho'e, hin hodhtu tahe, hin fincooftu fi hin xurooftu tahe, yoo jeeqamte yookaan of dadhabdee laafte, gara dooktora fayyaa deemuu yookaan ambulaansii [000] irratti yaamuu qaba.

Lakkoofsa Gargaarsa Hawaasaa

North Melbourne – Giddu-galeessa Fayyaa Haadholii fi Ijoollee (Maternal and Child Health Centre) 9340 1444
Flemington - Giddu-galeessa Fayyaa Haadholii fi Ijoollee (Maternal and Child Health Centre) 9340 1444

Toora Gargaarsa Bilbilaa

Toora gargaarsa bilbilaa Fayyaa Haadhoolii fi Ijoollee (Maternal and Child

Health) 1322 29, sa'aa 24,

Royal Children's Hospital, bilibila 9345 5522

Gargaarsa qalbii mucaa da'umsaan (dhaluun) duratti - PANDA toora gargaarsa bilbilaa 1300 726 306 [sa'aa 9 gn (9am) – sa'aa 7.30 gl (7.30pm)]

Toora gargaarsa bilbilaa luuga (hodha) harmaa 1800 686 268 [sa'aa 24]

Toora gargaarsa bilbilaa, Ulfahuu, Dahuu (Dhaluu) fi Mucaa 1800 882 436

Gorsa, odeefannoo fi bakka birootti dabarsuu kan dhaaninsa saalummaa (Sexual assault), gajahumsa (jeequmsa) mana keessaa fi maatii 1800RESPECT [1800 737 732]

Gargaarsa gajahumsa (jeequmsa) maatii - Gartuu Dhaqabduu Duraa Fayyaa Dubartoota Dhihaa (Women's Health West First Response Team) 9689 9588 yookaan email fvassist@whwest.org.au

Mirga Namoomaa Giddu-galeessa Dubartoota Musilimaa Australia (Australian Muslim Women's Centre for Human rights https://ausmuslimwomenscentre.org.au/

Tajaajila Afaan Jijjiirraa fi Hiikaa [TIS] - 131 450

Afaan hiikaa daddaffiin (guyyaa hunda sa'aa 24, wagga guutuu). Akka siif bilbilamauuf TIS gaafadhu – fakkeenyaaf gara hospitaalaa yookaan ambulaansii, toora gargaarsa bilbilaa Coronavirus yookaan toora bilbilaa luugsisa (hodhsisa) harmaa.

Toora Bilbilaa Biyyaalessaa Coronavirus 1800020080

Gargaarsa dubartoota godaantotaaf afaan danuutiin (Multilingual resources for migrant) women https://www.mcwh.com.au/covid-19/

Gargaarsa tolaa ulfaahuu fi dahumsaa (dhaluu)
Dahumsa Dhala namoomaaf (Birthfor Humankind) 1300073086

Tola-ooltotni (volunteer) keenya dubartoota ulfaa rakkina maallaqaa qabanii fi kan ulaagaa kanaa gadii guutaniif waa'ee ulfaahuu, mucaa dahuu (dhaluu) fi dahumsaan (dhaluun) booda kan jedhu irratti tajaajila gargaarsaa fi barmootaa tolaa kenna: Rakkoo fayyaa mataa kan ammaa yookaan duraan kan qabdu; umriin wagga 25 gadi kan taate; kan man-dhabilee (homeless) taate; kan haaraya biyya kana dhufte yoo taate (biyya kana keessa waggaa 5 gadi yoo taate); dahattuu (refugee) yookaan koolu-galtuu (seeking asylum) yoo taate; daawaa (qoricha) surri hadoochaa ka namma fudhataa jirtu yookaan fudhataa turte yoo taate; miidhaan jeequmsa maatii mudatee jria yoo tahe, akka Aboriginal fi/yookaan/ Torres Strait Islander beekamti yoo tahe; nama dahumsa yookaan dhaluu irratti gargaaru hin qabdu yoo tahe.

BIRTH FOR HUMANKIND